



---

Full Length Research Paper

## Leeloo Ilmaa-Intala Duudhaa Oromoo Arsii keessatti: Bu'ura Ijaarsa Koornayaatiin

Faanosee Mangistuu<sup>1\*</sup>, Xilaahun Taliilaa (PhD)<sup>2fi</sup> Addunyaa Barkeessaa (PhD)<sup>3</sup>

<sup>1</sup>Yuunivarsiitii Haramaayaa, Kolleejji Saayinsii Hawasaafii Namummaa, Imeelii: [fanosema@gmail.com](mailto:fanosema@gmail.com)

<sup>2fi</sup><sup>3</sup> Yuunivarsiitii Addis Ababaa, Kolleejji Namummaa, Qo'anno Afanii, Gaazexeessummaafi Quunnamtii, Imeelii: [tilahun.telila@aau.edu.et](mailto:tilahun.telila@aau.edu.et); [barkiikoo2011@gmail.com](mailto:barkiikoo2011@gmail.com), walduraa duubaan

Submission Date: July 23, 2023

Acceptance Date: April 20, 2024

---

### Axareeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa leeloo Oromoorn Arsii ilmaa intala qabu raawwilee Sirnoota Marsaa Jireenyaa—sirna dhalota, gaa'elaaf fi boo'ichaa Oromo Arsii ratti hundaa'uun xiinxaluudha. Kaayyo kana galmaan gahuuf, qorannichi saxaxa sanyaabsaa mala akkamtaarratti hundaa'eeti adeemsifame. Ragaaleen madda tokkoffaarraa meeshaalee funaansa ragaa daaw'anna, afgaaffifi marii garee xiyyeffanno walitti qabamuun mala akkamtaatiin hiikamani. Ragaalee argaman hiikuun wanti hubatame, Oromoorn Arsii ilmaa-intala guyyuma dhalotarraa eegalee waan isaan ta'uu qaban, amalarraa eegamuufi gahee bahuu danda'an duudhaa fayyadamuun barsiisaafi leenjisaa kunuunsuun kan guddisu ta'uudha. Kunis, ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaa jedhuun 'ilmi araddaa keenyarratti hafee dhaala, maqaa keenya waamsisa, intalli Araddaa Ormaati' jechuun ilma intalarraa ofitti aansaafi leellisaa ilaalcha kooti jedhuun guddisu. Raawwilee sirnoota marsaa jireenyarraa akka ifutti, dhalootumarrattuu dhalota intalaatti hanga kan ilmaa hingammadamu. Ilaalcha loogawaa ta'e kanarraa ka'uun ilmi hawaasa keessatti bakka qabaachaa ofitti amanamummaan guddata. Faallaa kanaa intalli 'an araddaa ormaati' jechaa alatti oflakkaa'aa hirkattummaan guddatti. Kunimmoo akka dhuunfaattis ta'ee, hawaasaatti ilaalcha loogaawaa ta'uusaatiin, qaamoleen dhimmi kun ilaallatu—maatiin, hawaasniifi qaamoleen mootummaa sadarkaan jiran duudhaa hawaasaa garee tokko ofitti aansee kaan achi aansu akka fooyya'u gochuurratti gahee isaanii akka bahaniif yaboon kaa'ameera.

**Jechoota Ijoo:** Araddaa ofii-ormaa, ilaalcha loogawaa, leeloo ilmaa-intala, miidhamtoota komachu, sirnootaa marsaa jirenyaa

---

## Son-Daughter Preference in Arsi Oromo Tradition: Based on Gender Construction

### Abstract

*The purpose of this study is to analyze son-daughter preferences based on the performances of the life cycle rituals—the birth, marriage, and mourning rituals of the Arsi Oromoo. The study employed an ethnographic design and a qualitative method to achieve the objective. Data collected from primary sources through observation, interviews, and focus group discussions were interpreted qualitatively. The findings of the study indicated that Arsi Oromoo teaches and trains their son and daughter about what they should be, their expected behavior, and the roles they should play using tradition from their day of birth. Using the philosophy of Araddaa Ofii-Ormaa—the son stays with us, inherits, and recalls our name, and the daughter belongs to outsiders—Arsi Oromoo prefers the son to the daughter and raises the son with a sense of belonging. As it is evident from the performances of the life cycle rituals, it is not desirable to have a daughter but a son right from birth. Due to this discriminatory attitude, the son, having a better place in society, grows up with self-confidence. In contrast, the daughter grows dependent by externalizing herself, saying, I belong to the outsiders. These discriminatory attitudes, both at the individual and societal level, need the intervention of stakeholders—families, communities, and government bodies at all levels—to contribute their stake in transforming the culture and traditions that accommodate one and externalize others.*

**Keywords:** *Araddaa ofii-ormaa, blaming the victim, discriminatory views, life cycle rites, son-daughter preference*

---

### 1. Seensa

Sirni marsaa jireenyaa gooroowwan fokloorii Dorson (1972) Ogafaan, meeshaadaa, duudhaa hawaasaafi aartii sochii qaamaa hawaasaa jechuun iddo afuritti qoode keessaa duudhaa hawaasaa jalatti kan ramadamuudha. Sirna namni tokko guyyaa dhalootarraa qabee hanga guyyaa du'aatti keessa darbu—dhaloota, gaa'elaafi boo'ichaa fa'a (Van Gennep, 1960). Sirna akka addunyaatti mul'atu, kan raawwiinsaa aadaa aadaatti garaagarummaa qabu ta'ee, sirna namni tokko jirenyaa keessatti jijiirama wayii itti argu, sadarkaa dur qaburraa isa aanutti raawwileen garagaraatiin dabaalamee darbuuifi gahee biraa itti argatuudha (Debika, 2010; Forth, 2018; Markstrom and Iborra, 2003; Stephens, 2005). Qabxiin inni tokkoofi beekamaan waa'ee sirnoota marsaa jirenyaa—sirni dhalootaa, gaa'elaafi boo'ichaa/du'aa, sirnoota guddina dhala namaa keessatti ka'umsa/bu'ura ta'aniifi koornayaa ijaaruurratti gahee guddaa qabaniidha (Ezenweke, 2016).

Raawwilee duudhawoo sirnoota marsaa jirenyaatiin walqabatanii raawwataman keessatti akkaataan namni tokko—dhiiraafi dubartiin saalarratti hundaa'uun itti ilaalamaniifi ibsaman adda. Gochaaleen duudhawoon sirnoota kanneenirratti hundaa'uun raawwataman dhalachuu ilmaa kan intalaarra kan leellisaniidha. Qorannoob biyyoota Eeshiyaa tokko tokkoratti adeemsifame akka mul'isutti, biyyoota Eeshiyaa keessatti dhaloota intalaarra kan ilmaatu barbaadama (Basu & Jong, 2007; Milazzo, 2014). Akka Milazzo'tti, ilaalchi kun biyyoota Afrikaa Sahaaraa gara gadii keessattis bal'inaan mul'ata. Akka biyya keenyaattis saba Oromo Sirni Gadaa bu'ura sirna ittiin bulmaataa isaa ta'e biratti, haalli ijoolleen durbaafi dhiiraa dhalootarraa qabanii itti ilaalamanaan kan dhiira olqaqqabuufi dubartii laaffisuudha (Jalata, 2013). Adeemsi kunimmoo ummata Oromoos dabalatee (Megerssa & Kassam, 2019), ummatoonni addunyaa, addunyaa sirna bulmaataa dhiiraatiin hoogganamt—waan hundaan dursi dhiiraaf kennamu keessa akka jiraatan kan agarsiisuudha.

Oromoont Arsii gosa Oromoo bal'aa—damee Baarentuu lafa bal'aa Waabee gamaafi gamana jiraatu, kan sirni ittiin bulmaata Gadaa isaa Odoo Roobaa ta'eedha (Gnamo, 2014; Hayileefi warra kaan, 1998). Ilmaan Arsii laga Waabee gamanaa—sirna bulchiinsa ammaatiin Godina Arsiifi Arsii Dhihaa jala jiran Sikkoo (Sikkisaa) jedhamu. Warri Waabee gamaa immoo kan sirna bulchiinsa ammaatiin Godina Baalee jala jiran Mandoo (Mandooyyu) jedhamu. Akkuma ummatooni addunyaa duudhaa qabanirratti hundaa'uun ilmaafi intala haala garagara ta'een hubatan, Oromoont Arsii duudhaa keessatti ilmaafi intala haalatti ibsu, hubatuufi leellisu qaba. Haaluma kanaan, qorannoo kanaanis duudhaa Oromoo Arsii keessatti haalatti ilmi ilmaa intalarraa leellifamuun koornayaan ijaaramtu raawwiilee sirnoota marsaa jireenyaa—dhaloota, gaa'elaafi boo'ichaarratti hundaa'uun xiinxalame.

Raawwileen duudhawoon sirnoota marsaa jirenyaaarratti raawwataman ilma intalarra faarsuun akkamiin koornayaay akka ijaaraniin walqabatee akka Oromiyaattis ta'ee, Oromoo Arsiitti waraqaaleen kallattiin sirnoota marsaa jirenyaa sadanirratti hundaa'uun qorataman hinjirani. Haata'u malee, qorannooleen biroo kan hariiroon isaan qorannoo kana waliin qaban kallattii lamaan ilaalamu jiru. Isaanis: tokko kan sirnoota marsaa jirenyaa xiyyeffataniifi lama immoo kan gooroowwan fokloori biroorratti hundaa'uun koornayaay xiyyeffataniidha. Kanneen sirnoota marsaa jirenyaaarratti xiyyeffatan keessaa qorannoo አጥቃ (2007) ittiin guuttanna barnoota doktorummaaf Oromoo Liiban Walisorratti hojjette tokko. Qorannoo kanaan አጥቃ raawwii sirnoota marsaa jirenyaa—dhaloota, gaa'elaafi boo'icha ibsite. Kanaaf, qorannoont raawwii sirnoota marsaa jirenyaa Arsiirratti hundaa'uun ijaarsa koornayaay qoratu kun qorannoo አጥቃ irraa qabiyyeenis ta'ee bakkaan adda.

Gama qorannoolee gooroowwan fokloori biroorratti hundaa'uun koornayaay xiyyeffatani yoo ceenu kallattii kanaan akka Oromiyaas ta'ee Arsiitti qorannooleen dalagaman jiru. Isaan keessaa tokko qoranno Bacha fi Kuto (2019) mata-duree “Women and Men in Arsi Oromo Proverbs: an Implication for Gender Equality” jedhuun dalaganiidha. Qoranno kana ijoonsaa mammaaksonni Oromoo galumsa keessatti jedhamanirratti hundaa'anii qoratamuu qabu malee, hacuuccaa dubartootaa kan calaqqisiisaniidha jedhamanii qoratamuu hinqaban; kan hacuuccaa ibsanis miti kan jedhuudha. Qorannoont biraan koornayaafi gooroowwan fokloori biroorratti xiyyeffatu kan mata-duree “Oral Narratives as an Ideological Weapon for Subordinating Women: The Case of Jimma Oromo” jedhuun Alemu (2007) dalageedha. Qorannoont kun haalatti dubaratoonni ilaalcha afseenaarratti hundaa'ee ijaarameen hacuucamaniifi afoolli meeshaa dubartoonni ittiin gabrooman ta'ee dhalootaa dhalootaatti akka darbu kan ibseedha.

Qorannoont biraan qoranno Adem (2017) mata-duree “Women and Indigenous Conflict Resolution Institutions in Oromia: Experience from Siinkee of the Wayyu Shanan Arsi Oromo” jedhurratti dalagameefi gahee haawan mirga ofii kabachiifachuufi biyyaa nagaa buusuurratti qaban; akkasumas, dubartiin ulfina kan qabdu ta'uu ibseedha. Qorannoont biraan isa kanatti dhihaatu kan Østebø (2010) mata-duree “Wayyyuu – Women's Respect and Rights among the Arsi-Oromo” jedhuun barreeffameefi Wayyyuu jechuun akka Arsiitti jecha ulfina ibsu ta'uu ibseedha. Qorannoont sirnoota marsaa jirenyaaarratti hundaa'uun koornayaay xiinxale kun, qorannoont Arsii ala dalagame kan Alemu's ta'ee, kan Arsiirratti dalagamanirraa adda. Qorannooleen kunneen karaa gooroowwan fokloori biroo koornayaay xiinxalan malee, sirnoota marsaa jirenyaaarratti hundaa'uun koornayaay kan qoratanii miti. Haaluma kanaan qorannoont kun qaawwa kanarratti hundaa'ee kan adeemsifameedha.

Yeroo ammaa akka addunyaatti dubartoonni qaamaa walakkaa hawaasaa ta'anis, iddooleefi sadarkaalee garagaraatti hirmaannaafi bakka isaaniin malu qabtanii akka hinjirre beekamaadha (Breines, Connell fi Eide (2000) UNDP (1995) fi (1996) waabeffachuun). Haalli biyya keenyaas kanaarraa adda miti. Kanaaf sababni aadaa hawaasaa dubartoonni keessatti guddatan kan dhiiraaf dursa kennuudha. Akka muuxannoo qorattitiin hawaasa keessatti guddatterraa qabduufi turtii yeroo dirree qorannoont turteen raawwii sirnoota

marsaa jirenyaa sadan sakatta'uun hubattetti, guyyuma dhalootaarraa qabee dhiira ta'uun gaarii akka ta'e leellifama. Kunimmoo dubartootaan walqabatee ilaalchi loogaawaan akka ijaaramu taasisa.

Dhimmi duudhaa keessatti ilma intalarraa leellisu dhimma dhiibbaa qabu ta'ee osoo jiruu, akka biyyaattis ta'ee, Oromootti dhimma xiyyeffannoo argate miti. Haalli kunimmoo qorattittiin mata-duree kanarratti akka xiyyeffattuuf ka'umsa ta'eefi. Kanumaan kaayyoon gooro qorannoo kanaa leeloo Oromoont Arsii ilmaa intala qabu raawwii sirnootaa marsaa jirenyaa—dhalota, gaa'elaafi boo'icha Oromoo Arsiirratti hundaa'uun xinxaluudha. Kaayyolee gooreen immoo:

- Raawwilee duudhawoo sirnoota marsaa jirenyaa Oromoo Arsiirratti karaa jechaafi gochaa raawwataman keessatti ilmi intala oljedhamuun akkamiin akka leellifamu adda baasuu,
- Oromoont Arsii raawwilee sirnoota marsaa jirenyaarratti raawwatu keessatti ilmi intala oljechuun maaliif akka leellisu ibsuufi
- Dhiibbaafi miidhaa ijaarsi koornayaa loogaawaan bifa kanaan jiru dhiiraafi dubartiirratti; darbees, akka sabaatti qabu sakatta'uudha.

Qorannicha haala kanaan qorachuun, jalqabarratti, duudhaan Oromoo Arsii xiyyeffatamee haaromsa barbaachisu taasisee loogii bara ammaa keessatti fudhatama hinqabneerra bilisa ta'uun garee hawaasaa mara bifa tokkoon akka tajaajiluuf oola. Ittaansee immoo, duudhaan Oromoo Arsii fooyya'iinsa taasisuu qabu taasisuun dhiibbaalee yeroo ammaa sababa amantaalee, ammayyummaafi kkf'niin isarra gahaa jiru dandamachuun tajaajila kennuu qabu kenna dhalootaa dhalootatti akka lufu godhuurratti gahee qabaataa.

## 2. Sakattaa Barruufi Yaaxxina Qorannichaa

Qoranno kanaaf yaaxxinni hojjirra oole Yaaxxina Ijaarsa Hawaasaati. Berger fi Luckmann (1966) akka jedhanitti, Yaaxxinni Ijaarsa Hawaasaa ijoo dhalli namaa hariiroo galumsa hawaasummaa waliin qaburratti hundaa'ee beekumsa addunyaa akka haqaatti ykn waan uumamaan kennameetti fudhatamu ijaara jedhurratti hundaa'a. Beekumsi ijaarame immoo akkuma aadaan hawaasaa jijiiramuu jijiiramatti waan saaxilamuuf, wanti yeroo wayii akka dhugaa ykn beekumsaatti fudhatame jijiiramee beekumsa haaraa uumamuun bakka bu'uu danda'a (Burr, 1995). Haala yaadrimeen haqaa itti ijaaramu Berger fi Luckmann (1966, fuula: 78) iddo sadiitti hiruun ibsu. Kunis, kan namni tokko yaada sammuu qabu dubbiinis haa ta'u barruun baasu (externalization), yaadni bahe irra deebi'ee himamuun haqa ta'ee dhaloota ittaanuuun hubatamu (objectification) fi kan dhalooni haaraan addunyaa yaada akka dhugaatti (safuu, duudhaa) fudhatame keessatti dhalachuun yaadicha nafoomfatani (internalization).

Ijoon Berger fi Luckmann mata-dureelee sadan jalatti qindeessuun dhiheessan kun dhugaan tokko ijaaramuuf—waa'een koornayaa, jalqaba yaadni nama keessa jiru dubbiin ykn barruun baha. Ittaansee immoo yaadni bahe namootaan fudhatamuun akka haqaatti ijaarama. Waan akka haqaatti ijaaramuun dhihaate—koornayaanirratti yaada akka safuutti ijaaramee hawaasa keessa jiru, dhalooni haaraan keessatti dhalatan—ijaarsichi kan issaan miidhuus ta'ee, kan fayyadu, karaa duudhaa/foklooriit itti madaquun fudhatu. Sababnisas, faayidaa foklooriin hawaasaaf kenu keessa tokko sadarkaafi sonni jiruu jirenya hawaasaa akka itti fufu gochuudha (Bascom, 1965). Kanaaf, dhiiraas ta'ee dubartii ijaarsa koornayaa duudhaa keessa jiru fudhatanii itti jiraatu (Mulamba, 2013). Hawaasa keessatti nama tokkoon walqabatee ijaarsi koornayaa kan jalqabu guyyuma dhalootaarraa eegaleeti (Lindsey, 2015; Lorber, 1994). Haaluma kanaan, Yaaxxinni Ijaarsa Hawaasaa koornayaa akka ijaarsa hawaasaatti waan ilaaluuf, qorannoo kanaaf filatame.

Raawwileen sirnoota marsaa jirenyaa—dhalootaa, gaa'elaafi boo'ichaarratti raaw'ataman ijaarsa koornayaa hawaasa keessa jiru mul'isuun akka namoonni ijaarsicha muuxachuun itti madaqan godhu

(Schlegel & Barry, 1980; Markstrom and Iborra, 2003 irratti). Sirnoota marsaa jireenyaa keessaa dhalootaarratti maatiin akkuma daa'imti dhalattee saalli barameen waan jedhuufi raawwatuun daa'ima dhiiraafi durbaa haala adda ta'een kunuunsuun ijaarsa koornayaa eegala (Carter, 2014; Lorber, 1994). Kunuunsi taasifamus—karaa jechaafi gochaa, daa'imni dhiiraa kan durbaatii olta'uu ijaaruufi leellisuus ofkeessatti hammata (Lindsey, 2015). Adeemsi ilma intalarra faarsuu akka aadaa saboota tokko tokkootti, dhaloota daa'imaan dura calaqqisuu eegala. Hofman (2010) akka ibsitetti, yeroo fuudhaa heerumaa biyya Sarbiyaatti milkiin tolee ilmi akka dhalatuuf, guyyaan cidhaa guyyoota akka aadaatti guyyoota dubartii jedhaman Sanbat-duraa, Dilbataafi Roobiirra akka hinoolle ofeeggannoonaan taasifama.

Sirna gaa'elaarrattis Grosz-Ngaté (1989) akka ibsetti, wantoonni gaa'elarratti jedhamaniifi raawwataaman—sirboonni sirbaman, durbi ko'eetti akka taate kanneen ibsaniifi dhiirummaa dubartummaarra leellisaniidha. Akkasumas, raawwiileen sirnoota boo'ichaatiin walqabatanii raawwataaman dhiirri dubartiirra bu'a-qabeessa akka ta'e, dhalachuu akka qabu kanneen eeraniidha (Leone fi warra kaan, 2003). Aadaa saboota Afrikaa hedduu keessatti saala nama du'eerratti hundaa'uun wanti dhiiraafi dubartiin raawwatan, haalli itti gaddan adda; loogiis qaba (Moyo, 2014; Nwadiokwu fi warra kaan, 2016). Yeroo ammaa haalli dubartoonni keessa turan hanga tokko fooyya'ee dubartoonni barachuun wantoota garagaraa—ijoollee hamma barbaadan dahuufi kkf irratti mirgaafi hirmaannaa qabaachaa jiru (Thompson & Sanabria, 2010). Kun ta'us, ilaalchi hawaasni daa'ima dhiiraa kan durbaarra barbaaduufi dhiibbaansaa inuma jira (Hoq, 2019).

Qabanni hawaasni ilma intalarra leellisuuf, seera bakka jirenyaa, bakka namoonni erga warroomanii booda jiraataniirratti hundaa'eeti. Ember fi warra kaan (2022, fuula: 4) akka ibsanitti, seerri bakka jirenyaa namoonni erga warroomanii booda jiraatan akka addunyaatti jiru lama. Tokko seera bakka jirenyaa sarara abbaarratti hundaa'e (Patrilocal Residence Rule), kan namoonni erga warroomanii booda warra gurbaa jiraataniidha. Lammannimmoo seera bakka jirenyaa sarara haadhaarratti hundaa'e (Matrilocal Residence Rule), kan namoonni erga warroomanii booda warra intalaajiraataniidha. Akka addunyaatti, seera lamaan keessaa seerri bakka jirenyaa sarara abbaarratti hundaa'e kan sirriitti beekamu, cimina qabuufi bal'inaan (85%) hojiirra ooluudha (Ember fi warra kaan, 2022; Walker, 2017). Megerssa fi Kassam (2019) akka ibsanitti, seerri bakka jirenyaa Oromoos seera bakka jirenyaa sarara abbaarratti hundaa'eedha.

Namni hawaasa seeraa bakka jirenyaa isaa keessatti dhalate/dhalatte fayyadamaa/tuu ta'a/taati (Ember fi warra kaan, 2022). Fayyadamtoota ta'u jechuun—dhiirri hawaasa seera bakka jirenyaa sarara abbaarratti hundaa'e keessatti dhalate dhalooni isaa intala akkasaa hawaasicharraa dhalaterra leellifamaa guddata. Inni maatiifi gosarrraa dhalate keessatti nama boru nu ta'u jedhamuun guyyuma dhalateerra qabee bakki kennamuufiin leellifama (Allanana, 2013; Hoq, 2019). Bronheim fi warra kaan (2000) akka ibsanitti, yeruma umrii xiqqaa garaagarummaanakkanaa jiraachuun sa'uma kanarraa eegalee loogiin koornayaarratti hundaa'e jiraachuufi boruus haaluma kanaan kan itti fufu ta'uun kan mul'isuudha. Haalli kunimmoo akka durbi hindhalannee dhiibbaa gochuurrar darbee fayyaa (Xiinsammuu) fi ijaarsa eenyummaa dubartiirratti miidhaa yeroo gabaabaa/dheeraa qabaachuu mala (Hoq, 2019; Milazzo, 2014). Kun kan mul'isu, foklooriin—duudhaan hawaasaa daa'imman haala umriisaanii keessatti itti fufu, aadaa garee tokko olqabee kaan gadiqabuufi fayyadutti madaqanii akka guddatan kan godhu ta'uudha (Gilman, 2019). Haaluma kanaan qorannoo kanaanis, raawwilee sirnoota marsaa jirenyaa—dhaloota, gaa'elaafi boo'icha Oromoo Arsiirratti raawwataaman keessatti ilmi intalarra leellifamuun akkamiin koornayaan akka ijaaramutu xiinxalame.

### 3. Malleen Qorannichaa

Qorannoonaan kun qorannoonaan Sanyaabsaa mala akkamtaarratti hundaa'uun adeemsifame. Qorannoonaan sanyaabsaa keessatti ergaa waan ijaan arganiifi gurraan dhagahanii qofatu ilaalamo osoon taane, oolaa bulii hawaasaa keessatti argamuun hiika hawaasni galumsa aadaa keessatti kenu hubachuu barbaachisa (Emerson fi warra kaan, 1995). Qorannoonaan kun aanaalee Godinni Arsii qabdu 26 keessaa aanaalee sadii—Aanaa Heexosaa, Diksiisiifi Muunessaarratti hundaa'uun adeemsifame. Ragaaleen qorannichaa madda ragaa tokkoffaarraa dirree qorannootii afgaaffii, daaw'annaafi marii garee xiyyeffannoonaan kanneen argamaniidha.

Iddattoo qorannichaa argachuuf malli kaayyefataafi darbaa dabarsaa hojiirra oolaniiru. Aanaaleen sadanuu dhimma qorannichaa erga karaa Waajjira Aadaafi Turizimii isaanii hubatanii booda, hojjettoota waajjira isaanii keessaa nama tokko tokko ramaduun namoota—haawwotaafi abboota aadaafi duudhaarratti beekumsa bal'aa qaban waliin hariiroon akka uumamu taasisani. Aanaalee sadanittu galumsa dhugaa daaw'achuu cinaatti, hanga ragaalee argamaniirratti hundaa'uun namoota 30 umriin isaanii 35 hanga 80 ta'u, aanaalee sadanitti 10, 10 (dhiiraafi dubartii 5, 5) irraa ragaaleen funaanamani. Odeef-kennitoota kanneen keessaa namoonni kudha lama (dhiiraafi dubartii 6, 6) aanaalee sadanitti 4, 4 odeef-kennitoota ijoo afgaaffii bal'aan waliin taasifameedha. Warreen hafan tokkoon tokkoo aanaaleetti gareen namoota ja'a ja'a ijaaramuun marii garee xiyyeffannoorratti hirmaatani.

Duudhaa Arsii keessatti leelloon ilmaa intalaa akkamiin akka calaqqisu (waan jechaafi gochaan jiru) baruuf, yoomessa dhugaa sirnoota marsaa jirenyaa—dhaloota, gaa'elaafi boo'ichaarratti argamuun daaw'annaan gartokkeen hirmaachisaa (sirna dhalootaafi gaa'ela) fi miti-hirmaachisaa hojiirra oole. Daaw'annaan adeemsisuuf sirnoonni marsaa jirenyaa kan argaman, jalqabarratti yeruma hojii dirreef bahametti aanaalee sadanittu eerumsa odeef-kennitootaatiin sirnoota marsaa jirenyaa sadan keessaa kan argame—Aanaa Muunessaatti sirni dhalootaa tokko daaw'atame. Ittaansuun, sirnoota raawwiin isaanii hinargamin aanaalee sadanittu odeef-kennitooni si'atoo ta'an filamuun odeeffannoakka kenneen ta'e.

Haaluma beellama qabameetiin—Aanaa Heexosaatti: sirna dhalootaa tokko, sirna gaa'ela lamaafi sirna boo'ichaaf tokko; Aanaa Diksiitti: sirna dhalootaa tokko, sirna gaa'ela tokkoofi sirna boo'ichaaf tokko; Aanaa Muunessaatti: sirna gaa'ela tokkoofi sirna boo'ichaaf tokkoorrottai daaw'annaan taasifame. Sirna dhaloottarratti yeroo ammaa dubartoonni harki caalaan mana yaalatti dahaa jiru. Kanarrraa ka'uun, sirnoonni duudhaawoon dur yoo dubartiin manatti deessu raawwataman gaafa dubartiin saala daa'ima deesseerratti hundaa'uun nafa dhiqatuufi Qanafaa godhatutti darbani. Haaluma kanaan, daaw'annaan taasifames kanumarratti kan hundaa'eedha. Sirna boo'ichaarratti duuti beellamaan hindhuftuu akkamiin ta'e? kan jedhu, akka aadaa naannichaatti namni du'ee guyyaa lama ykn saditti waan awwaalamuuf, akkuma odeeffannoonaan argameen bakkichatti argamuun daaw'annaan taasifame.

Yeroo hojii dirree ragaaleen kan galmeeffaman, sirna boo'ichaatiin ala karaa suuraa kaasuu, sagaleefi suursagalee waraabutiini. Sirna boo'ichaarratti akka aadaa hawaasaatti suuraa kaasuufi suursagalee waraabuun hingammachiisu waan ta'eef, akkaataa xiyyeffannoonaan namaa hinarkisneen hayyama maatiitiin waraabbii sagalee qofaan ragaaleen walitti qabamani. Ragaaleen afgaaffiin, daaw'annaafi marii garee xiyyeffannoontiin walitti qabaman gara barreeffamaatti erga jijiiramanii booda, kanneen kaayyolee qorannichaa galmaan gahan akkaataa walfakteenyaa isaaniitiin mata-duree mata-dureen qindaa'uun xiinxalamani.

#### **4. Xiinxala Ragaaleefi Argannoowwan**

Kutaan kun bakkatti ragaalee karaa meeshaalee funaansa ragaalee—daaw’annaa, afgaaffifi marii garee xiyyeffannoon argaman waliin qindaa’uu gaaffilee qorannichaa deebisuun kaayyolee akeekaman galmaan gahaniidha. Kana gochuuf, akkaataan ragaaleen mata-duree mata-dureen qoqqoodamanii itti xiinxalaman akkaataa sirnoota marsaa jirenyaa sadan jala jiraniin osoon taane, akkaataa yaadrimeen isaanii walfakkaatuufi waldeeggaraniini. Kunis, qorannicha keessatti mata-dureeleen: Duudhaa Oromoo Arsii keessatti yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa, leeloo ilmaa-intalaa bu’ura yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaatiiniifi Oromoorn Arsii ilma intalarra yoo leellisu maal maal godhaa? Jedhan qoqqoodamanii dhihaachuun ragaaleenisa akkaatuma mata-dureelee kanneen waliin hidhata qabaniin isaan jala galuun hiikamani.

##### **4.1. Duudhaa Oromoo Arsii keessatti Yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa**

Oromoorn Arsii yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa jedhu akkamiin akka hubatuufi ibsu baruuf, gaafilee Oromoof Araddaan maali? Oromoorn yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa jedhu akkamiin ibsa? Jedhanirratti mari’achuun barbaachisaadha. Yaadrimee Oromoof Araddaan maali? Jedhu manguddoo Leencoo Jiruu (Afgaaffii—AFG: Aanaa Heexosaa, Waxabajji, 2013) akka ibsanitti, Araddaan, Oromoof bakka qabeenyi ykn wantoonni mul’atanis ta’ee hinmul’anne itti bu’uraawuun itti fufiinsa sanyiifi jirenyaa boruutif gumaacha taasisaniidha. Araddaan lafas; lafa gabbataa misoomaaf oolu, lafa wantoota jirenyaaaf murteessoo ta’an irratti horatan—bakka qotanii irraa nyaatan, sa’aa nama horanii irraa yaafatan, ijaarratanii irra jiraataniidha. Lafa aadaa, safuu, amantaafi duudhaa irratti ijaaruun dhaloota itti aanu dhaalchisuun ofummaa itti fufsiisan; bakka maqaan namaa itti ka’u, seenaan itti hundaa’uifi yaadatamu, warri ebelummaafi eenyummaan warra tokkoo itti beekamuudha.

“Araddaa yoo ibsinu teenyaafi kan ormaa jenna. Araddaa teenya kan jennuun gurra/maqaa olkaasnee leellisna. Araddaa ormaa kan jennuun immoo ofirraa dhiibna, hinleellisnu” (Marii garee xiyyeffanno—MGX: Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014). Oromoorn Araddaa gaafa ilaalcha Ofii jedhuun ibsu, wanta Araddaan qabduufi Araddaa kiyya, lafa anummaa kiyya ittifufsiisuun eenyummaa kiyya mul’istuudha jechuun ofitti aanfachuun jajata. Gaafa ilaalcha Ormaa jedhuun ibsu, waan Araddaan kennituufi Araddaa kan Ormaati nan fayyaddu jechuun ofirraa fageessa. Oromoorn yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa jedhurratti hundaa’uun ilaalcha kiyyummaafi ormummaa Araddaarratti qabu ilmaa-intalaan walqabsiisuun leeloo ilmaa-intalaa qabu agarsiisa. Kanaaf, Oromoorn Arsii ijoo Araddaa Ofii-Ormaa jedhurratti hundaa’uun leeloo ilmaa-intalaa qabu akkamitti akka mul’isu mata-duree ittaanu keessatti ibsameera.

##### **4.2. Leeloo Ilmaa Intalaa Bu’ura Yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaatiin**

Oromoorn Arsii ilmaa-intala yoo ibsu, yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa jedhurra hundaa’uun ilmaan Araddaa kiyya, intalaan immoo Araddaa Ormaa jedha. Ragaan ittaanu ijoo kana ifa taasisa. “Nuti Oromoorn durba baay’ee hinbarbaannu; durbi araddaa ormaati; ormaaf dhachina; ilmatu keenya. Ilmi araddaa keenyarratti hafee nu dhaala; warra ebelummaa keenya itti fufsiisa. Kanaaf, faarsina” (AFG: Muhammad Gammachu, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014).

Oromoorn yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa jedhu fayyadamuun gahee ilmaa-intalli caasaalee hawaasaa keessatti bahuu danda’aniifi hindandeneye ibsuun daangessa. Yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa jedhurratti hundaa’uun intala caalaa ilmi barbaadamaa akka ta’etti, maatiin daa’ima argachuu barbaadu durba caalaa dhiiraa argachuu hawwa. Kunimmoo leelloon hawaasni ilmaaf qabu olaanaa, kan intalaan immoo laafaa akka ta’uuf karaa bane. Ilmi intala caalaa akka leellifamu wanti bu’ura buuseefi ijoon, yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa jedhuudha.

Oromoona bakkaafi jaalala Araddaaasaatiif qaburraa ka'uun, nama Araddaa kiyya jedhuun—ilma irra caalchisuun leellisa, jajata, kunuunsa gochuufiin bakka addaa kennaafi. Durbaa immoo Araddaa Ormaati jechuun ishee hanga ilmaa leellisuun jajatuu dhiisa. Kun Oromoona intala ni jibbaa jechuu osoon taane, akka Oromootti leelloon ilmi qabu kan intalaati olta'uu agarsiisa. Kanumaan ijjannoon qorannoo kanaas Oromoona ilmi Araddaa kiyya jechuun intalarra leellisa; kunimmoo dhiibbaa qaba kan jedhuudha malee, intalli heerumuu hinqabdu kan jedhuu miti. Ittaansuun gara gaaffii Oromoona maaliif ilma intalarra leellisaa? Jedhutti yoo ce'amu mata-dureeleen ittaanaan: ‘maqaa waamsisuu/dhoofsisuu, Araddaa itti fuksiisuuifi, fudhatee galuufi fudhatamtee deemuu’ jedhan gaaffii kana siritti ifa gochuuf/balballoomsuuf oolu.

#### **4.2.1. Maqaa Waamsisuu/Dhoofsisuu**

Akka duudhaa Oromootti, ijoolleen kan waamantu nama maatiin Araddaa keenyaa jedhuun—maqaa ilmaa/dhiiraatiini. Ijoolleen maqaa dhiiraa/abbaatiin waamamuun immoo intala maqaan gosarrraa dhalattee karaa ishee kan hinkaane/hindhahamne ta'uun ibsa. Kana jechuun, ijoolleee ilmaatu maqaa warraa/gosaa waamsisa malee kan intala miti. Ijoolleen intalli takka deesse kan himatan/gosasaanii kan lakkaa'atan gosa intalli itti heerumteeni.

Akka aadaa keenyaatti, ijoolleen gosa kan lakkaa'attu gara abbaatiin malee, gosa haadhaa—kan warra soddaatiinii miti. Intalli heerumaan warra isheetii yoo baate isheenis warra ishee dhiiftee kanuma warra itti heerumtee taati. Kanaaf, ijoolleen isheen hortus gosa ishee maqaa hindhahatan; gosa abbaatiin waamamu. Intalli Araddaa Ormaati kan jedhamuuf kanaafi (AFG: Nafiisaa H/Hamuu, Aanaa Diksiis, Guraandhala, 2014).

Duudhaa Oromo Arsii keessatti, gosni ijoolleee warra tokkoo kan lakkawwamu gosa warra haadharraa dhalatanii osoon taane, gosa warra abbaasaan dhalcheetiini. Daaw'anna (Adooleessa 28/2015 Aanaa Heexosaa) cidharratti yoo gurbaan intala manaan gahatu raawwilee ta'an—sirna Rakoo qaluu, intalli akka hortuuf garbuurra teechisuun ilma baachisuufi kkf hubachuuf taasifameen akka hubatametti, akka Arsiitti, warri tokko intala fuudhaan Rakoo (kan amma sababa amantaa hafaaru)—hoolaa haadhoo itti qalanii kan ofii taasifatu. Sirni Rakoo Badhaasoon (2000) akka ibsetti, sirna warri gurbaa intala fuudhaan kan ofii itti taasifataniidha. Kanaaf, ijoolleen intala Rakoon warroomterraa dhalatan, intalluu kan warra itti heerumteeti waan ta'eef, gosa abbaatiin waamamu; maqaasheetiin waamamuun maqaa gosashee itti hinfufsiisani. Intala ishee qofatu abbaasheetiin waamama.

Adeemsa hawaasa keessatti bu'ura cimaa qabu, kan sarara abbaarratti hundaa'uun sanyiin lakkaa'amuun walqabatee dubartoota kallattii adda addaatiin—waan ilmi argatu intalli dhabuun, loogiin irra gaha (Allanana, 2013; Sultana, 2018). Sababa ilaalcha kanaa sararri dhiiraa, kan dubartiirra akka olaantummaa argatu ta'e. Ilmi intalarra nama maatiin nu waamsisa jechuun ittiin boonu; maqaasaatiin abbaa/haadha ebeluu jedhamee waamamuuf filatu ta'e. Kanarraa ka'uun dubartiif ilaalchi laafaan akka kennamuuf ta'e (Allanana, 2013). Kun kan agarsiisu, dhiiraafi dubartiin sababa duudhaa keessatti dhalatanii guddatanii, dhiirri eenyummaa gosa keessaa dhalatee mul'isuu isa dandeessisu kan qabu ta'uufi dubartiin immoo kan hinqabne ta'uudha.

#### **4.2.2. Araddaa itti Fuksiisuu**

Yaadni ilmi maqaa keenya waamsisaa jedhu karaa ilmaa maqaan warraafi gosaa ka'uun alattis, ilmi araddaa warrasaa dhaaluun eenyummaa isaanii itti fuksiisa jedhama. Oromoona ilmi ‘bakka na bu'ee Araddaafi safuu Araddaan kiyya qabdu itti fuksiisa’ jechuun abdata; guddisarrattis kana gochuu akka danda'utti kunuunsa. Durba immoo ‘Araddaa ormaati’ jechuun laaffisa. Akka duudhaa Arsiitti, ilmi warri yoo jiranis ta'ee du'an, Araddaa warraa dhaaluun sirnootaafi dhimmoottaa hawaasummaa, aadaa, amantaaafi kkf irratti warrasaa bakka bu'uun hirmaachuu danda'a. Ragaan ittaanu kana ibsa.

Ilmi jirunis ta'ee du'arratti warra bakka bu'ee awwaata. Intala garuu, sirnoota warraarratti akka owwaattu hinkennamneefi. Fakkeenyaaaf, intalli du'a warrasheerratti namni yoo eebbisu ameen hinjettu; abbaafis soodduu hindhaabdu. Kanaaf, 'beektuu dubartiirra dabeecha dhiira wayya' jedhama. Dubartiin hanga feete yoo beektellee sirna warrarratti safuu waan hinqabneef, dabeechuma dhiiraatu waamama (MGX: Aanaa Muunessaa, Waxabajji, 2014).

Akka duudhaatti, ijannoo intalli hanga ilmaa warraaf ooluu hindandeessu jedhuurraa, cimtuu intallaarra laafaa ilmaa wayya jedhama. Intalli jirunis ta'ee du'aan warra bakka buutee dhaaluun sirnoota warraarratti hirmaachuun hinoowwaattu. Hawaasa keessa turuun akka daaw'atametti, sirnoota—Gadaa, Malkaafi dhimmoota garagaraa dursuun eebbisuufi kkf, warri raawwachaa ture boodarra ittaanuun kan itti fufsiisu ilma. Intalli sababa ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaa daa'imummaarrraa itti saaxilamtee carraan isheen sirnoota dandeettii hoogganummaa barbaadanirratti hirmaachuuf qabduu hinqiru. Adeemsuma Araddaa warraa waamsisaatiin Malkaas dabalatee, sirnootaafi safuu warraa itti fufsiisuufi warra bakka bu'ee owwaachuuf aangoo kan qabu ilma. "Ilmi barbaadamaa ta'uus ibsuuf: Namni ilma Soodduu dhaabuuf hinqabne du'a lama du'e jedhama" (AFG: Dammo Galatoo, Aanaa Heexosaa, Waxabbajji, 2013).

Du'a warraarratti namni yoo eebbisu, durbi akka nama araddaa warrashee dhaaltuutti ameen jettee eebbi sun araddichaaf akka bulu hingootu. Abbaaf Soodduus dhaabdee, edaa warri kun ilmoo qaba! hinqechisiistu. Akka Arsiitti, Soodduun meeshaadaa awwaala dhiiraarra dhaabbachuun bakkatti awwaalame ibsuudha. Meeshaadaan kun akka aadaatti kan dhaabbatuus abbaaf malee haadhaaf miti; dhaabuus kan danda'u ilma. Ilmi ofumasaatinuu akkuma meeshaadaa bakka awwaalaa ibsu kanaa, araddaa warraa dhaaluun asturanii isaanii kan mul'isuudha jedhama. Namni ilma dhabuun nama qa'esaa dhaalu kan hinqabne yoo ta'e, 'du'a lama du'e' jedhama. Du'a lama du'e jechuun, du'a lubbuufi du'a ilma dhabuun namni araddaa dhaalu hinqirree jechuudha. Kanarraa ka'uun intala yoo ibsan: "intalli/durbi maal namaaf gooti, waa Soodduu nama dhaabdi?" jedhu (AFG: Xayyibaa Sh/Galatoo: Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014).

Faayidaa ilmi kenu intalli hinkennitu kan jedhamurraa ka'uun maatiin intala malee ilma hinqabne akka dhala malee hafeetti ofilaala. Duudhaa Oromoo keessatti namni ilma isa dhaalu hinqabne, jirenya isaa keessatti akka hir'ina tokko qabuutti gaabbiin jiraata. Kanaaf, hanqina jirenya isaa keessatti 'ani ilmoo malee hafe, araddaan tiyya nama dhaalu hinqabdu' jechuun qabu guutuuf, haadha warraa biraa fuudha. Yoo kanaanis milkaa'uufi dide ilma manaa dhabe alaa guddifata.

Akka aadaa keenyaatti, ilmas ta'ee intala yoo dhabne Sirna Qanafaatiin guddiffanna. Dubartiin hindeeny'e dubartiin deessu yoo garaa qabdu akka ilmoo kennituuf gaafatti. Isheen yoo deesse daa'ima kennuufiin kan fudhatte ulmaa ciifti. Yoo intala malee ilma dhabne, intalli kan ormaati; ilma guddiffanna. Yoo ilma qabaannee intala dhabne kana hunda guddiffachuuf ganda hindhaqnu (MGX: Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014).

Duudhaa Arsii keessatti, dubartii dhabduun dubartii deessuurraa ilmoo fudhachuun akka deesseetti sirni deessuuf ta'u ta'uufiin—meeshaadaan deessuun wayyuu ta'uus ibsu Qanafaan ("qananii qaamaa" AFG: Leencoo Jiruu: Aanaa Heexosaa, Waxabajji, 2013) godhamuufiin ulmaa ciifti. Hawaasa sirna warroommii sarara dhiiraarratti hundaa'e keessatti, durba qabaachuufi dhabuun jirenya maatii keessatti dhiibbaa kan qabu ta'uus dhisuu mala. Namni gaa'ela ijaarratee ilmoo akka duudhaatti bakka isa/ishee bu'ee ebelummaasaa/ishee mul'isa jedhamu—ilma argachuuf fedha/feeti.

Yaadni durbi maal namaaf gootii? kan mul'isu, duudhaa Arsii keessatti intalli gara alatti lakkaa'amuun kan ormaati jedhamaa ilmi intalarra kan leellifamu ta'uudha. Yaada intalli maal namaaf gooti jedhuuf yaadni ka'umsaa jira. Innis jalqaba, akkuma ragaalee dhihaatanirraa hubatamu, seerri hinkennuuf jechuun akka intalli wantoota adda addaarratti gahee hinqabaanne—warra bakka bu'uun sirnootarratti

hirmaachuufi dhaaluu, du'arratti ameen jechuu, Soodduu dhaabuufi ksf gochuu hindandeenye ta'e. Ittaansee immoo waan tumamerra ka'uun akka Sultana (2018, fuula: 107) Rhan (1976) eeruun "blaming the victim"—miidhamtoota komachuu jechuun ibsite, intalli carraa dhabdee osoo jirtuu, kana gochuu hindandeessu jedhamtee waan ittiin komatamuufi ilmi isheerra ittiin leellifamu ta'e.

Haalli 'intalli kan ormaati' jedhamaa gaheefi hirmaannaan isheen sirnoota hawaasaarratti qabdu murtaa'u; deebitee immoo isa kanaan oolmaa ilmi oolu hinoltu jedhamuun ittiin komatantu dubartiin akka nama ofdandeessu takkaatti akka hinilaalamneefi of hindandeenye taasisa. Ragaan ittaanu kana ibsa. "Dubartii dhiirri bakka fidee fidee akka bulchuu barbaadama. Fuudharratti gurbaan intala yoo kaadhimatu gaaffiin warri intala gaafatan: gurbaan maal qaba, intala bulchuu danda'aa? Kan jedhuudha. Gaaffiin intalli maal qabdii hinjiru" (AFG: Muktar Abraahim, Aanaa Heexosaa, Waxabajji, 2013). Hawaasa keessatti dubartiin akka niitii gaarii taatuutti malee, akka ofdandeessuutti waan hinguddaneef, gaa'elarratti gaaffi gurbaan maal qabaa malee, intalli maal qabdii hanbise. Kunimmoo dubartiin nama ofdandeessu akka hintaaneefi ofitti amanamuummaa hinqabaanne kan taasisuudha.

#### **4.2.3. Fudhatee Galuufi Fudhatamtee Deemuu**

Dhimmoota ilma intalarra filatamaa taasisan keessaa inni biraa ilaalcha fudhatee galuufi fudhatamtee deemuti. Sirna gaa'elaarratti dhiirri qa'ee intala dhaquun fuudhee gara qa'eesaa gala. Kanaaf, Oromoona ilmi qaama fuudhee galu malee, qaama fuudhamee qa'ee ormaa dhaqu miti jechuun irra leellisa. Intalli immoo heerumaan warrashee dhiistee bahuun ko'eetti akka taatetti ibsamti. Kanaan walqabatee warra intalaatti dubartooni yoo intala gaggeessan:

'Tartarii Birraan tar tarii  
Goshiyyaa addaan gargarii  
Waluu hinarganii  
Baalee hoo karaan Baalee hoo  
Goshiyyaa addaan bane hoo' jechaa faarsu. (Daaw'annaa: Aanaa Diksiis, 21/09/14)

Guyyuma kana haawan akka ibsanitti, qa'ee gurbaatti dubartooni: 'haati intala yoona ni boochii, haati gurbaa caammumaan boontii' jechuun faarsu.

Ragaa kanarratti gurbaan warra intalaatii qabeenyaafi kennaa warri intalaaf kenu dabalatee intala fuudhee kaawoon gara qa'eesaa akka galutu ibsame. Haalli kunimmoo ilaalcha intalli fudhatamtee deemtiifi gurbaan fudhatee galaatiin qa'een intala akka qorrituufi kan gurbaa akka hoo'itu ibsa. Yaadni †ΛΛ (2007: 156) kaase kan '*Niitii fuudhe*' jedhu inni ishee garasaa fudhachuu kan ofii akka taasifate agarsiisa jedhu kana cimsa. Waliyie (2004) Sapiro (1994) eeruun akka ibsetti, dhiirri eenyummaa fudhachuuufi kan ofii taasisuu akka qabaatuufi dubartiinimmoo fudhatamtuu akka taatu kan taasiseedha. Kunimmoo yaadni 'dhiirri fudhatee gala' jedhu kan ilma intalarra faarsuuf bu'ura cimaa qabu akka uumamu taasise. Yaada kana urursaan daa'imaa ittaanu kun siritti mul'isa.

Gaara suraa ta suraana gamaa  
(Intala x 2) siin jedhe falfalamaan  
Sabbanni kee sabaree tiyya hoo  
Bar hidhaana lamaa  
Sittin furuu sittan duudha malee  
Singurguruu sabaree tiyya hoo  
Sittan fuudha malee (AFG: Gishuu Kadiir, Aanaa Heexosaa, Sadaasa, 2014)

Akka ijarsa duudhaatti, maqaan intala yoo ka'e, amantaan jiru kan qa'ee warraa dhiiftee deemtu, araddaa ormaa jedhuudha. Kanaaf, haati tunis dhiibbaa jiru ibsuuf, isaan intala—'araddaa ormaa' siin jedhanis animmoo akka ati nama biraa fiddee dhuftu 'Singurguruu (sin heerumsiisu), sabaree (meeshaadaa aannanii) tiyya hoo' sittan fuudha malee jechuun, fuudhuun ijoo dhiirri dubartii ol jedhamee ittiin faarsamu ta'u eerte. Haati tun komii qabdu mormii cimaan yoo ibsattu: intalasheetiin

‘sabbanni kee (faayidaan/wanti qabu) hidhaana (dachaa) lamaa’—sababa ijarsa hawaasaatiif malee, ati dandeettii dhabdee miti kan gadiqabamte jechuun komate. Kanaaf, ‘sittin furuu sittan duudha (sin jabeessa) malee’—sin dhiisu sin cimsa; sin gurguru—araddaa ormaa sin godhu, sittan fuudha malee jechuun quuqaafi hawwiishee baafatte. Ergaan faaruu kanaa ilmaa-intalaan walqabatee wanti sirrachuufi fooyya’uu qabu akka jiru ibsa.

### **4.3. Gochaalee Ilma Intalarra Leellisuu**

#### **4.3.1. Hawwuufi Faarsuu**

Ilaalcha ilmi maqaa kiyya waamsisa, araddaa tiyya dhaaluun ebelummaa kiyya mul’isaatiin, intalarra ilma argachuun filatama akka ta’e ibsama. Innis, namni tokko waan akka ta’uuf fedhu tokko dura hawwiin (yoo eebbisu fa’a) agarsiisa. Aadaa Arsii keessatti namni/maatiin tokko akka daa’ima godhatu yoo hawwamuuf: “Akka aadaa keenyaatti, misirroonni walfuudhan akka daa’ima argatan yoo eebbifaman ‘ilma argadhaa’ jedhamuun eebbifamu” (AFG: Ashoo Tongolaa, Aanaa Heexosaa, Waxabajji, 2014). Afgaaffii kun kan ibsu, manguddooleen gaa’elarratti misirroonni ilmoo akka godhatan yoo hawwaniif nama hawaasa keessatti hawwamu ‘ilma argadhaa’ jechuun kan eebbisian ta’uudha. Dabalees, daawwanna sirna gaa’elaarratti taasifameen akka hubatametti, intalli qa’ee gurbaa yoo geessu daa’ima dhiiraa baachisuun hawwii intalli ilma akka deessuuf qaban gochaan agarsiisan (Aanaa Heexosaatti 28/08/15).

Duudhaa Arsii keessatti, cidharratti misirritii daa’ima dhiiraa baachisuun akka safuutti jala sararamee waan taa’eedha. Kunis: “Fuudharratti yoo mushuroonni galan daa’ima dhiiraa malee, durba hinbaachisnu. Innuu ilma gara gosa abbaatiin jiruudha. Miilana gaafa mucaan kiyya fuudhe, daa’ima dhiiraa asii dhabnaan mandara gamaatii finnee baachifne” (AFG: Taajuree Aadom, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2015). Duudhaa Oromoo keessatti ilmi misirritiin akka milkiin tolee ilma deechuuf baattu ilmuma ta’ef kan baatamu miti. Innis, ilma sarara dhiiraatiin jiru—ilma nama gurbaa fuudhuuf obboleessaatti ooluuti. Ilmi misirritiin baattu kan gara dhiiraatiin jiru sababni ta’uuf, ilmi gara dubartiitiin jiru—kan gosa intalli itti heerumteeti malee kan gosa intalli keessaa dhalatee waan hinta’iniifi. Akka aadaatti misirroonni ilmoo akka argataniif yoo eebbifaman ‘ilma argadhaa’ kan jedhuus ta’ee, misirroo ilma baachisuun yaada dhiirri dubartiirra hawwamaadha jedhu mul’isa.

Gaa’ila haaraa keessatti ilmi yoo dhalate gosnis, maatiinis ni gammadu. Gammaduun isaanii kan baramu, gaafa daa’imni dhalattu/tu haala isaan gammachuu itti ibsat an irraayyi. Innis daaw’anna (Aanaa Muunessaa 02/10/2014 fi Heexosaa 13/05/2015) mana deessuutti taasifameen akka hubatametti, kan dhalate yoo dhiira ta’e yeroo jaha/afur, yoo dubartii taate immoo yeroo shan/sadi ililfachuun ibsu. Ililfannaa dhaloota ilmaafi intalarra ta’urraa waan lamatu mul’ata. Tokko lakkofsi ililfannaa dhalachuu ilmaarratti taasifamu guutuu ta’uunis ilaalchuma ilmi intalarraa hawwama jedhu ibsuufi. Akka Arsiitti lakkofsi guutuufi wantisaan walqabate akka milkii gaariitti ilaalam. Kanaaf, yoo ilmi dhalates lakkofsa guutuu ililfachuun, ilmi intalarra namaaf oola jechuufi.

Arsiitti deechistuun kan dhalate yoo dhiira ta’e yeroo irra caalu, yoo durba taate immoo yeroo irra xiqqaa ililchaafachuun saala daa’imaa ifa gochuu cinaatti, yoo dhiirri dhalatu irra ililfachuun, dhalachuu dhiiraa kan durbaarra gammachiisaa ta’uu agarsiisuufi. “Akka aadaa keenyaatti yaada durbi kan ormaati jedhurraa, manni durbi itti dhalatte akka kan dhiiraa gammachuu hinqabu. Kana ibsuuf: namni yoo callise akka mana durbi itti dhalattee maa callistan ree?” jedhu (AFG: Aliimaa Yaaddoo, Aanaa Muunessaa, Waxabajji, 2014). Akkuma callisuun waan barbaadan kan hinarganne ta’uufaa ibsu, mana durbi itti dhalattettis wanti hawwamu dhabamuun callisaan ibsame. Lakkofsi ililfannaa dhalachuu ilmaarratti taasifamu guutuu ta’uunis ilaalchuma ilmi intalarraa hawwama jedhu ibsuufi. Akka Arsiitti lakkofsi guutuufi wantisaan walqabate akka milkii gaariitti ilaalam. Kanaaf, yoo ilmi dhalates lakkofsa guutuu ililfachuun, ilmi intalarra namaaf oola jechuufi.

Dabalees, daaw'annaafi afgaaffii taasifameen akka hubatametti, haati ilma deesse (ji'a 6'f) haadha intala (ji'a 5'f) deesserra yeroo dheeraa Qanafaa—meeshaadaa dubartiin deesse wayyuu/kabajamtuufi qananiituu ta'uu mul'isu godhatti. Ilmi intalarraa filatamaa ta'uu agarsiisuuuf, Qanafaa fayyadamuun haadha ilma deesse haadha intalaarra yeroo dheeraa kunuunsuun wayyoomsani. Kanarratti haawwan yoo dhiirri dhalate maaliif irra akka caalchisaniifi olqaqqaban gaafatamanii yaada ittaanu kennani. Dhalachuu durbaatti gammaduu dhabuun durba jibbaaf osoon taane, bakkuma durbi qa'eetti haftee araddaa namaaf hintaaneefi ilmi immoo qa'eetti hafuun Araddaa tolchuuf dhiiraa irra faarsina jechuun ibsani (MGX: Aanaa Heexosaa Waxabajjii, 2013).

Akkuma ibsame, hawaasa keessatti ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhuun durbaafi waan durbaan walqabatu ni laaffisu; dhaloota ishees hanga dhiiraa hinfaarsani. “Durba laaffisuuf: Hanga teenyu durba haa deenyu/dhalchinu jedhanii mammaaku. Ilma yoo leellisan immoo: qorichi du'aa ilma, jechuun mammaaku” (AFG: Gishuu Kadiir, Aanaa Heexosaa, waxabajjii, 2013). Mammaaksi inni duraa, intalli akka ilmaa araddaa keenyarratti hafuu baattuus, nu hinmiitu inuma nu fayyaddi; haa taatu dhabarra jirti yaada jedhu ibsa. Mammaaksi boodaa immoo intalaal olitti faayida-qabeessummaafi barbaachisummaa ilmaa—ilmi qa'ee warraa dhaaluun asturanii isaanii mul'isuun du'a qoricha hinqabneef qoricha ta'a yaada jedhu kan ibsuudha.

Ilaalchi Araddaa Ofii-Ormaa jedhu dhiibbaa guddaa gochuun dubartumtillee daa'imni deesse intala ta'uurraran akka oflaaffistu godha. Kunis, “dubartiin takka durba yoo deesse: anuu dubartii ta'een durba dahee jetti. Ilma yoo deesse immoo ilman dahee Rabbumatu naaf ta'ee jetti” (AFG: Muhaammad Aadam, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013). Ijoo ‘anuu dubartii ta'een durba dahee’ jedhu keessatti, haati durba deesse tiyyaayyuu hintaaneen ammas deebi’ee tanuma akka tiyyaa dahe ergaa jedhu ibsite. Yaadni ‘dhiiraan dahee Rabbumatu naaf ta'e’ jedhu duudhaa keessatti akka dhiirri itti ilaalamurraa ka'uun, haati dhiira deesse kan boontuufi gammaddu ta'uu agarsiisuuuf jedhame. Ijoo lamaan keessa ergaan jiru maatiin intalarra ilma akka filatu kan mirkaneessaniidha. Kana jechuun, maatiin/hawaasni intalli hinfayyaddu jechuun jibba osoon taane, akka ilmaa Araddaa keenya dhaaluun eenyummaa keenya itti hinfusitu jechuufi.

Yeroo ammaa sababa ammayyummaa, barnootaafi kkf ilaalchi durii dhaloota durbaa jibbuu xiqqaateera. Wantoota dhaloonni durbaa akka jaalatamu taasisan keessaa tokko gargaarsa ijoolleen durbaa diinagdeerratti maatiif/hawaasaaf gochaa jiraniidha. Bara kana maatiin sababa ijoolee durbaa biyya alaa erguun irraa fayyadamaa jiruuf—“durba deettanii birdilibsii (uffata halkanii) Saa'udii jala hinseentanii” (AFG: Aliimaa Yaaddoo, Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014) dhaloonni durbaa barbaadamaa akka ta'etti ibsara. Kana jechuun, gochaaleen ilma intalarra faarsuufi dhiibbaansaa haala jiru waliin deemuu akka danda'anitti bifasaanii geeddaratan malee, hinjiran jechuu miti.

#### **4.3.2. Firoomsuufi Ormeessuu**

Ilmi araddaa teenyarratti hafee hoo'isa, maqaa keenya waamsisa ilaalcha jedhurraa ka'uun intalarra leellisuun ofitti aanfatu. Intalli immoo dhalootumarraa qabee 'isheen araddaa ormaati' oolmaa ilmi warraaf oolu hinooltu jechuun waan jedhaniifi raawwatanii ormeessaa deemu. “Intalli yoma dhalattu nyaaphaaaf/alagaaf dhalatte, teenyaa miti jedhama” (AFG: Dammo Boonsoo, Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014). Ragaa kanarratti durba ta'anii dhalachuun kan nyaaphaa—ormaa ta'uu agarsiisa. Akka Arsitti nyaaphaa jechuun alagaa; darbees, diina ta'uu danda'a. Egaa kanarratti durbi nyaaphaaaf dhalatte jechuun, kan alagaati; kan alagaa ittiin firoomfataniiidha yaada jedhus ibsa. Ijoo durbi kan nyaaphaa ittiin firoomfachuuf ooltu jedhurratti, durbi kan hariiroo hawaasaa cimsitu; qaama diina ta'e tokkollee firoomsitu ta'uu kan mul'isuudha. Ta'us garuu, haalli durbi guyyuma dhalootaarraa qabdee itti

laaffifamtu, oolmaan durbi hariiroo hawaasaa cimsuun jireenyi tasgabaa'aan akka ijaaramu gochuuratti qabdu kan irra dibame ta'uu mul'isa.

Intalli gulantaa gosarrraa dhalattee osoon taane, kan warra itti heerumturraa safuufi gahee qabdi jedhamuun gosaaf alagoomti. Intalli gulantaa warraafi gosaatiif ormoomuun yeroo heerumtu barama osoon taane, dhalootumarraa kaasee isheen kan ormaati jedhamuun, isheenis ilaalcha kana guddiffachuun oformeessiti. Ilaalchi intalli warra fuudheerra seera qabdi jedhu yeroo lubbuun jirtu qofa osoon taane, yeroo lubbuun dabartellee ni hojjeta. Intala jirtuu mitii duutuunsheetuu kan gosa itti heerumteeti jedhama.

Osoo akkuma tasaa intalli heerumte takka warrashee dhaqxee achitti kan amrii taate/duute ta'e, gosashee keessatti hinawwaalamtu. Intalli durumaa kan warra ishee fuudhee waan taateef, gosa ishee fuudhe santu fudhatee awwaallata. Hanfalaan ishee warra soddaatti hinhafu; warrashee fuudheef gala (AFG: Dammoo Galatoo: Aanaa Heexosaa, Adoolessa, 2013).

Hanfalaan jechuun, meeshaa dubartiin heerumte mudhiin hidhattu kan yeroo amma duraa gogaafi bara ammaa jibriirraa hojjetamuufi sabbata jedhamuun beekamuudha. Dubartiin takka hanfalaan kan hidhattu erga heerumtee booda. Kanaaf, hanfalaan akka meeshaa safuu warra dhirsaa intala fuudhanirra jiruutti lakkaa'ama. Intalli heerumte takka akka tasaa warra ishee dhaqxee achitti yoo midhamte, hanfalaan warra soddaa warra isheetti hafuu hinqabu jedhamee amanama. Intala heerumaan warra tokko jirtu, dhimmi ishee kamiiyyuu, yeroo kamiiyyuu kan warra Rakoo itti qalee warroomfatee ta'uu ibsuuf, hanfalaan warra itti heerumteetu irra jira jedhama. Kanaaf, gaafa lubbuun dabartes gaddishee kan warra ishee fuudhee ta'uun isaanumti fudhatanii awwaallatu. Seera intalli kan warra itti heerumteetti jedhu keessatti, intalli takka warra isheetti duute, warri gurbaa haala garagraraatiin yoo reefalle fudhatee kan hinawwaallanne ta'e, boonyi ishee kan warra isheenirraa dhalattee ta'uu dhabuurrtaa kan ka'e warri gurbaa 'booyaan galatan' jedhama. Hanfalaan intala warra gurbaatiif galuun matusatinuu booyaan galachuu kan ibsuudha.

#### **4.3.3. Hangafoomsuufi Dhaalchisuu**

Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaa jedhurratti hundaa'ee, ilmi nama nu dhaalee eenyummaa keenya mul'isu jechuun dursi kennamaafi. Umriin dursee dhalachuus baatu hangafummaa argata. Hangafummaa argata jechuun, gochaalee guyyaa dhalootaarraa kaasee hawaasni nama tokkoof gaheefi sadarkaa isaa/ishee agarsiisuu raawwatuun dubartiin umrii uumamaatiin dhiiraaf hangafa taatus, akka hangafaatti ilaalamtu. Ijoo kana Oromoorn Arsii akka ittaanu kanatti ibsa.

Akka aadaa keenyaatti intalli ilmaaf hangafas taatu, boroo/araddaa warratti bakka warraa bu'ee owwaachuuf/yaamamuuf hangafummaa kan qabu ilmaafi sababa isaa safuu kan argattu haadha warraasaati. Intalli heerumaan duras ta'ee, booda gulantaa warraa keessatti hinowwaattu. Intala safuu ishee ala; balbala ilaali jedhamti (AFG: Leencoo Jiruu: Aanaa Heexosaa, Waxabajji, 2013).

Hangafummaa ilmaafi intalli warra tokkoo waliin qabanirratti, warri ilmaaf hangafummaa kennu jechuun, intalli takka warrasheetiif hangafa taatee osoo jirtuu sababuma dubartii taateef, ilmi kan harma hodhulle yoo ta'e, qa'ee warraatti safuu hundaan ishee dursa. Ebelummaa warraa itti fufsiisuu sirnootaafi wantoota warraan walqabatan mararratti hangafa ta'uun dhaala. Kanarratti, ilmaafi intalli qixuma warra tokkorraa dhalatanii ilmi akka dhaalaa araddaa warraatti ilaalamta. Intalli immoo araddaa ormaati jedhamuun gara alatti lakkaa'amti. Inni qa'ee warrasaa haadha warraasaa waliin dhaaluun eenyummaa warraa mul'isa. Kana jechuun, intalli warri tokko fuudhe abbaa warraa isheerraatti hundaa'uun waan inni argatu argatti jechuudha. Kanarratti, intalli tun ofdandessee gahee ykn hirmaannaa qabaatti osoon taane, abbaa manaa ishee hordofuun waan inni raawwatu waliin hirmaatti malee, hirmaannaa yoo warrashee jirtu 'intalli araddaa ormaati' jedhamaa dhabde argatti jechuu miti. Haalli jiru akkasumaan itti fufa.

Duudhaa Oromoo keessatti, haalli dubartiin akka dhiiraa safuu warraa dhaaluun dhimmootaafi sirnoota jajjaboorratti hirmaachuuf carraa qabaattu hinjiru. Sababnisaas, yaadrimen dhaalchisuu qabeenya warraa ilmaaniif dabarsuu qofa osoon taane, dandeettii aangoo qabaachuufi beekumsa argatanii sirnootaafi dhimmoota warraarratti hirmaachuu nama dandeessisu argachuus dabalata. “Ilmi akka baruuf manguddoo jalaa ilaala deema. Durbi mataa gadi qabatti; gadibaatee dubbachuu seerri hinkennuufi” (MGX: Aanaa Heexosaa, Fulbaana, 2015). Ilmi akkuma abbaa addabaabaayiitti bahee sirnootarratti hirmaachuun muuxannoo, ogummaafi dandeettii bulchuufi murtee kennuu akka qabaatu taasifama. Intalli immoo karraan ol akka turtu ta’uun—osoon heerumin dura ‘araddaa ormaati’ jedhamuun akka obboleessa ishee sirnoota warraarratti hirmaachuuf carraa dhabdi. Erga heerumtee boodamboo, yaada Duudhaa Oromoo keessatti dubartii guyyaa dhalatterra guyyaa heerumteetu gatii qaba (†ΛΛ, 2007) jedhuun hamma tokko fooyya’uun haadha karraa taatuus, sirnoota adda addaarratti ofdandeesee hinhirmaattu. Haalli kun dubartiin ajajaafi hooggansa dhiiraatiin akka bultuufi dhimmoota karraan alaarratti muuxannoo akka hinqabaanne taasisuun; darbees, olguddachuuun akka isheen qabeenyaafi dhimmoota garagaraarratti aangoo dhabduuf haala mijeessa (Breines & Eide, 2000).

## 5. Goolabaafi Yaboo

Waraqaa kanaan duudhaa Oromoo Arsii keessatti leeloo Arsiin ilmaa-intalaan qaburratti hundaa’ee koornayaan akkamiin akka ijaaramutu bu’ura yaadrimee ijaarsa hawaasaatiin raawwilee sirnootaa marsaa jirenyaa—dhaloota, gaa’elaafi boo’icharratti hundaa’uun xiinxalame. Oromo Arsii aadaasaa keessatti yaadrimee guyyuma dhalootarraa qabee guddisa ilmaafi intalaarratti irratti bu’uraawu kan Araddaa Ofii-Ormaa jedhu kan qabu ta’uu qorannoo kanaan ifoomeera. Oromo Arsii yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa jedhurratti hundaa’uun ilmi nama araddaa keenya dhaalu, maqaa keenya waamsisu; intalli immoo Araddaa Ormaati jechuun isheerra ilma ofitti aansuun leellisu. Dhaloota intalaattis akka kan ilmaa hingammadani. Gammaduu dhabuu qofa osoon taane, maatiin ilmoo durbaa qofa qabu akka dhala qabuuti of hinlakkaa’u. Akkasumas, ilmoon durbaa hangafa yoo taate, maqaa isheetiin haadha/abbaa ebeluu jedhamanii baay’ee waamamuu hinfedhani.

Kanumaan qorannoo kanaan wanti hubatame, yaadrimen Araddaa Ofii-Ormaa jedhu ijoollen dhiiraafi durbaa ilaalcha walmadaalawaa ta’een akka hinguddanne taasisuun ijaarsa koornaya keessatti akka loogiitti kan tajaajilu ta’uudha. Oromo Arsii ilaalcha loogaawaa ta’erratti hundaa’uun gochaalee guyyaa dhalootarraa hanga du’aatti raawwatamaniin dhiirri dubartiirra olkakaafamaafi gahee qabaataa akka ta’e ittiin ijaaraa deemu. Sababa ilaalcha duudhaawaa loogii qabu Araddaa Ofii-Ormaa jedhuu ilmi umriin hangafas ta’u, ta’us baatu gulantaa warrasaa keessatti hangafummaan kennamuufiin jiruunis ta’ee du’aan warra bakka bu’ee waamama. Kunimmoo, ilmi akkuma abbaasaa boru sirnootaarratti hirmaachuun muuxannoofi beekumsa, darbees ofitti amanamummaan akka ijaaramuuf carraa banuufiin qopheessaa deema. Isheen durbaa immoo warra irraa dhalattetti seerri hinkennuuf, kan ishee gulantaan as miti jedhamuun ijoollumumarraa carraaakkanaa dhabaa deemti. Gulantaatti heerumtettis haadha warraa ta’uu cinaatti carraa sirnootaarratti hirmaachuu hinqabdu. Ittaansee immoo ijaarsa koornaya dubartii laaffisuun carraa dhoorkamterratti hundaa’uun kana gochuu hindandeessu jedhamuun komatamti.

Dhiiraafi dubartii gidduutti dhalootarraa qabee garaagarummaan ilma ofitti aansanii intala ofirraa fageessuu jiraachuun, loogiin hawaasaa bu’ura cimaa qabu kan jiru ta’uifi isa maqsuuf humnaafi carraaqiqii guddaa kan barbaachisu ta’uu agarsiisa. Kun yoo furamuu baate, dubartooni gumaacha biyyaaf gumaachuu qaban akka hingumaachine gochuu jiruufi jirenya dubartootaas ta’ee, kan hawaasaa; darbees, guddina biyyaarratti dhiibbaa guddaa kan qabuudha. Dabalees, haalli kun karoora gama hundaan hirmaannaafi gahee dubartootaa guddisuuf taasifamurratti akka dubartooni ofitti amanamummaan hinschoone, akkasumas, waltajjiirratti bahanii waa gaggeessuu hindandeenyne kan

taasisuudha. Kanaaf, qaamoleen dhimmi ilaallatu—maatiin/hawaasni (abbooniifi haawwonne) intalli kan heerumtu ta'u, kan ormaati jedhanii alagoomsuun carraa dhabsiisurra, isheenis akkuma ilmaa sirnootaafi safuu isaanii dhaaluun carraa akka qabaattuufi itti fufsiisuu akka dandeessu gochuun komiin intalli hindandeessu jedhu akka furamu osoo taasisanii gaariidha. Akkasumas, qaamoleen mootummaa sadarkaan jiran—Biirro Aadaafi Turizimii Godina Arsii, darbees, Oromiyaafi hayyooni, dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti bakkaafi ilaalcha madaalawaa akka qabaataniif, aadaafi duudhaan garee hawaasaa mara qixa sirrii ta'een hinlaalle akka fooyya'u gochurratti gahee isaanii yoo bahan gaarii ta'a.

## Galata

Qorannoo kana hojjechuu keessatti qaamolee na gargaaran galateeffachuun barbaada. Jalqabarratti, haawwota, abboota, hooggantootaafi hojjetoota aanaalee Arsii: Aanaa Heexosaa, Diksiisiifi Muunessa ragaalee akkan argadhuuf deeggarsa naa taasisaniif galatoomaan jedha. Ittaansuun, carraa barnoota digirii sadaffaa kan naa laate Yuunivarsiitii Haramaayaa galateeffachuun barbaada. Dabalataanis, Ministeerri Barnootaafi dhaabbanni biyya Iswiidiin SIDA'n gargaarsa qarshiin naaf taasisaniif haa galatoomaniin jedha.

## Wabiilee

- Adem, J. (2017). Women and Indigenous Conflict Resolution Institutions in Oromia: Experience from Siinkee of the Wayyu Shanan Arsi Oromoo. *Proceedings of the second International Conference on Oromo Studies, Jimma University*.
- Alemu, A. (2007). Oral Narrative as Ideological Weapon for subordinating Women: The case of Jimma Oromo. *Journal of African Cultural Studies*, 19(1), 55-80.
- Allanana, M. G. (2013). Patriarchy and Gender Inequality in Nigeria: The way forward. *European Scientific Journal*, 9(17), 115-144.
- Bacha, A., & Kuto, L. (2019). Women and Men in Arsi Oromo Proverbs: an Implication for Gender Equality. *Kafaah: Journal of Gender Studies*, 9(1), 74-86.
- Badhaasoo, H. (2000). *Seera Fuudhaa Heeruma Oromoo Arsii. Oromiyaa*: Finfinnee. Commercial P.E.
- Bascom, W. (1965). Four Functions of Folklore, in Alan Dundes, (Ed.). *The Study of Folklore. Englewood Cliffs, N.J.*, 279-98.
- Basu, D., & de Jong, R. (2010). Son Preference and Gender Inequality. *Demography*, 47, 521-536.
- Berger, P.L. and Luckmann, T. (1966). *The Social Construction of Reality: A Treatise in the Sociology of Knowledge*. Doubleday & Company, New York.
- Birx, H. J. (Debika, S.) (Ed.). (2010). *Ceremonies: 21st century anthropology: a reference handbook*: (Vol. 1 & 2). Sage Publication Inc.
- Breines, I., Connell, R., & Eide, I. (2000). Male Roles, Masculinities and Violence: A Culture of Peace Perspective. *Universitaires de France, Vendôme*: UNESCO.
- Bronheim, P. E. S., Bynner, J., Klasen, S., Magrab, P., & Ranson, S. (N.D). Social Exclusion and Children—Creating Identity Capital: Some Conceptual Issues And Practical Solutions.
- Burr, V. (1995). An Introduction to Social Constructionism. London: Routledge. <http://dx.doi.org/10.4324/9780203299968>
- Carter, M. J. (2014). Gender Socialization and Identity Theory. *Social Sciences*, 3(2), 242-263.
- Dorson, R. (1972). *Folklore and Folklife: An Introduction*. Chicago and London: the University of Chicago Press.
- Ember, C. R., Droe, A., & Russell, D. (2022). Residence and Kinship.
- Emerson, R. M., Fretz, R. I., & Shaw, L. L. (1995). *Writing Ethnographic Fieldnotes*. Chicago: University of Chicago Press.

- Ezenweke, E. O. (2016). Rites of Passage and Sustainable Development in Traditional Africa: Reflections for Contemporary Society. *Journal of religion and human relations*, 8(2), 19-34.
- Forth, G. (2018). Rites of Passage. *The International Encyclopedia of Anthropology*, 1-7.
- Gilman, L. (2019). Folklore and Folklife of Women, Men, and Other Gendered Identities. *Folklore Studies Program, Oxford University Press*, 2018
- Gnamo, A. (2014). Conquest and resistance in the Ethiopian empire, 1880-1974: The case of the Arsi Oromo. In *Conquest and Resistance in the Ethiopian Empire, 1880-1974*. Brill.
- Grosz-Ngaté, M. (1989). Hidden meanings: explorations into a Bamanan construction of gender. *Ethnology*, 28(2), 167-183
- Hayilee, A., Gonfaa, B., Dheeressaa, D., Bushaa, S. & Nuuree, U. (1998). *Seenaa Oromoo hanga Jaarraa 16<sup>ffaa</sup>*. Gulaallii 2<sup>ffaa</sup>. Oromiyaa, Itoophiyaa: Mana Maxxansaa Berhana Selam.
- Hofman, A. (2010). *Staging Socialist Femininity: Gender Politics and Folklore Performance in Serbia*. Netherlands: Koninklijke Brill NV, Leiden.
- Hoq, M. N. (2019). Effects of Son Preference on Fertility: A Parity Progression Analysis. *Corvinus Journal of Sociology and Social Policy*, 10(1), 27-45.
- Jalata, T. (2013). *Children and Oral Tradition among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia*. Norwegian University of Science and Technology.
- Leone, T., Matthews, Z., & Zuanna, G. D. (2003). Impact and Determinants of Sex Preference in Nepal. *International family planning perspectives*, 69-75.
- Lindsey, L. L. (2015). *Gender: Sociological Perspectives*. Routledge
- Lorber, J. (1994). *The Social Construction of Gender. Reconstructing Gender: A Multicultural Anthology*, 96-103.
- Markstrom, C. A., & Iborra, A. (2003). Adolescent Identity Formation and Rites of Passage: The Navajo Kinaalda ceremony for girls. *Journal of research on adolescence*, 13(4), 399-425.
- Megerssa, G. & Kassam, A. (2019). *Sacred Knowledge Traditions of the Oromo of the Horn of Africa*.
- Moyo, H. (2014). Gendered Mourning and Grieving Gituals amongst the JahundaPeople of Zimbabwe as a Challenge to the Pastoral Care Ministry of the Church. *Black Theology*, 12(3), 213-229.
- Milazzo, A. (2014). Son preference, Fertility and Family Structure: Evidence from Reproductive Behavior among Nigerian Women. *World Bank Policy Research Working Paper*, (6869).
- Mulamba, N. G. (2013). Luba Folklore and Women's Ethno-gendered Discourse of Wifehood in "Cintu Wa Bujitu". *Afrika Focus*, 26(2), 47-79.
- Nwadiokwu, C. N., Nwadiokwu, E. S., Favour, E. N., & Okwuazun, M. E. (2016). Rites of passage African traditional region. *International Journal of Education and Research*, 4(9), 41-50.
- Østebø, M. T. (2009). Wayyuu—Women's respect and rights among the Arsi-Oromo. In *Proceedings of the 16th International Conference of Ethiopian Studies*, ed. by Svein Ege, Harald Aspen, Birhanu Teferra and Shiferaw Bekele, Trondheim.
- Sims, M.C. & Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Tradition*. Longman: Utah State University Press.
- Sultana, N. (2018). Construction of Feminine Discourse through Proverbs: A post-modern Approach to Study Folklore. *Peoples' Preface*, 99.
- Thompson, T. P., & Sanabria, J. (2010). *Division of Labor and Agricultural Innovation in Bangladesh*. International Center for Soil Fertility and Agricultural Development.
- Van Gennep, A. (1960). Les Rites de Passage Tr. The Rites of Passage in 1960 reprint 2004. London: Routledge.
- Waliyie, J. (2004). A Cultural Representation of Women in the Oromo Society, *African Study Monographs* 25(3): 103-147, October 2004.

- Walker, R. S. (2015). Human Residence Patterns. Emerging Trends in the Social and Behavioral Sciences: An Interdisciplinary, Searchable, and Linkable Resource, 1-8.

አ.ማር. ዓ. (2007). የኢትዮጵያ አድራሻ (ወላጊ፡ ጽሑፍ፡ ባንክ) ስራ እና ተቃዋሚነት በወላጊ ልቦን እናም. Unpublished PhD Dissertation. Addis Ababa University.

ተለለ, የ. (2007). የኢትዮጵያውያን መቆኅዎች ይዘዱል እና ወጪ ጥናት. Unpublished PhD Dissertation. Addis Ababa University.